Kutaa 1

# Jaartii Abshaala



Read Aloud

# Jaartii Abshaala

Read Aloud | Kutaa 1



Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa Dhaabbata 'USAID' irraa argameen,walta'iinsa Dhaabbata 'Save The Children', Ministeera Barnootaafi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa'ee kan maxxanfamedha.


Bara 2008/2016

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.


For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/




Jaartii qaroo dhabeettii tokkotu ture.



Isheenis maallaqa ishee bakka kaawwattu barbaadde.



Jaartittiin naannawa mana isheetti boolla qotte.



Maallaqa qabdu
mara boolla keessatti
awwaalte.



Yeroo isheen awwaaltu
namichi tokko arge.



Namichis maallaqa
isheen awwaalte
fudhate.




Jaartittiin maallaqa awwaalte fudhachuuf deemtee dhabde.



Namicha sanas waan shakkituuf “Qarshii nan qaba; baankii kaawwadhumoo awwaaluu?” jetteen.




Namichis jalaa
fudhachuu barbaadee,
“Awwaalladhu!” jedhe.



Jaartiinis "Maallaqa duraan awwaalte dhabnaan hinawwaaltu," jedhee yaade.



Sanaan booda, maallaqa jalaa fuudhe deebisee kaa'eef.



Jaartittiinis “Tooftaa kanaan maallaqa ishee fudhatte,” jedhama.